TALAALLII COVID-19
Maal beekuu akka qabdu



22 Ebila 2021

Talaalliin COVID-19 akkamiin dalaga?

Talaalliin qama keenyaa waliin wal fudhatuudhaan baakteria fi vayirasii dhibee dhukubaa jabaa nu qabsiisuu danda'an irraa akka qaamni keenya of ittisuuf gargaara.

Talaalliin qaama keessatti osoo dhukkubbii hin uumin karaa nagaa taheen annisaa (immune) homisha. Annisaa qama keenya keessaa jabeessee, qama keenyas leenjisee baakteriyoota fi vayirasoota adda tahan adda baafatee of irraa akka lolu taasisa.

Talaalliin COVID-19:

- ✓ of keessaa COVID-19 hin qabu.
- ✓ COVID-19 sitti hin dabarsuu.
- ✓ dhiiga sanyii yookaan DNA kee karaa kamiinuu hin jijjiiru.
- ✓ qama bineensa, foon, ykn kille kamiyyu keessa hin qabu.

Talaalliin COVID-19 nagaa qabaa?

Australia keessatti talaallii hundi nagaa qabaatuu fi sirritti dalaguu isaa baruuf qorannoo eeggannoo jabaa qabu keessa dabra.

Ogeessotni fayyaa Bulchiinsa Meeshaa Wal'aansaa (Therapeutic Goods Administration, TGA) tahan yeroo hunda fi eeggannoodhaan kan isaan qoratan:

- qorannoo saayinsawaa
- odeeffannoo waa'ee talaallii kun akkam akka tolchamu
- odeeffannoo waa'ee miidhaa kam illee inni qabu.

Talaalliin COVID-19 dhukuba hamaa fi du'a ittisa; si, maatii fi hawaasa kee dhibee kana irraa akka egamtan ni gargaaraa.

TALAALLII COVID-19
Maal beekuu akka qabdu



22 Ebila 2021

Ati talaalliif gahaa dha?

Talaallii COVID-19 eenyutu fudhata?

Yeroo dabareen isaan gahu namni kam iyyuu Australia keessaa talaalannaa COVID-19 TOLA fudhatuu danda'an.

Talaallii COVID-19 gahaa tahuu kee baruuf kodii QR kee gingili (scan) yookaan mar-sariitee keenya laali: www.bit.ly/vaccineeligibilitychecker.

Talaallii fudhatuun dirqama?

Taliilannan COVID-19 dirqama miti.

Talaallii COVID-19 eessatti argatuu danda'a?

Fayyaan hawaasa Richmond Kaabaa (North Richmond Community Health) talaallii COVID 19 AstraZeneca tiif dhiyeessa akka taanu fudhatama argachuu keenya gammanneera.

Odeeffannoo caaluuf, mar-sariitee keenya laali: www.nrch.com.au/coronavirus-covid-19.

Medicare kardii hin qabu hoo tahe akkam?

Medicare kaardi HIN qabdu yoo tahe kan kilinika somba (respiratory clinic) biratti, yookaan kilinika talaalannaa godinaa (state) fi daangessa (territory) biraa fudhatuu dandeessa.

Tarreessii kilinika somba (respiratory cilinic) laaluuf koodii QR gara mirgaa irra jiru gingili (scan) ykn laali: www.bit.ly/respiratoryclinics.

Tarreessii kilinika sombaa (respiratory clinics)

TALAALLII COVID-19
Maal beekuu akka qabdu



22 Ebila 2021



Jijjiiramni talaallii COVID-19 irra maddu laaluuf

Talaalannaa COVID-19 ergan fudhee booda maal of irratti arga?

Talaallii erga fudhatteen booda, jijjiirama xixiqqaa qama kee keessatti sitti dhagahama. Jijjiiramni kun saphlaa fi guyyoota muraasa keessatti si dhiisa.

Talaallii COVID-19 fudhatuu irraa jijjiiramni xixiqqaan beekamaan:

- dhukubbii irree yookaan harkaa
- dhukubbii mataa yookaan bowwuu
- qama ho'isa
- dhukubbii qama
- qorra
- dadhabbii, ykn
- dhukubbii buusaa qaamaa

Dhiyeenya kana talaallii kee isa jalqabaa yoo fudhatte fi jijjiiramni qama kee keessatti jirru yoo sii yaadesse, doktoricha kee ilaaluuf beellama qabadhu.

Jijjiiramni qama kee keessatti jirru laaluuf koodii QR gara bitaa irra jiru gingili (scan) ykn daawadhu: www.bit.ly/covid19vaccinesideeffectchecker.

Midhaan (side effect) talaallii AstraZeneca COVID-19 kan namni hundi haasa'a jiru maalidha?

Talaallii AstraZeneca waliin wal qabatee dhimaa dhiiga qaama keessaa kantarsuu (thrombosis with thrombocytopenia) fi darbee darbee kan mullatu ni jiraa.

Dhibee darbee darbee kan mullatu fi dhiiga qaama keessaa kantarsuu kana qabuf caraan jiru baay'ee xiqqaadha.

TALAALLII COVID-19
Maal beekuu akka qabdu



22 Ebila 2021

Talaalliin Covid-19 AstraZeneca rakkoo fidu hin qabuu?

Eyyee. Talaalliin kun nagaa fi bu ' aa qabeessa ta ' e bu ' aawwan bu ' aa qabaniin balaa danda ' amu kamiyyuu.

Gartuu Gorsituu Tooftaa Australia (Australian Technical Advisory Group, ATAGI) talaallii AstraZeneca namoota umrii 50 fi isaa ol ta'aniif kennuudhaaf nagaa ta'a.

Talaallii AstraZeneca koo naqa (dose) jalqabaatiif beellamaa qabeera, maal gochuun qaba?

Yoo 50 gadii taate, talaallii AstraZeneca dhistee talaallii COVID-19 Pfizer akka fudhattu gorfamaa.

Yeroo tokko tokkoi, namoonni umbrii 50 gadii tahan talaallii AstraZeneca akka fudhatan ni gorfamu, yoo faayidaan isaa balaa isaa'raa ol ta'e. Maaloo waan kana doktora keessan waliin mari'achuuf beellama qabadhaa.

Umuriin kee 50 yookin isaa ol yoo tahe, talaalliin AstraZeneca ammas akka siif ta'u gorfama.

Talaallii AstraZeneca naqa (dose) jalqabaa koo fudheraa, amma maal gochuun qaba?

Yoo talaallii AstraZeneca naqa (dose) jalqabaa fudhatte tahee rakkoo fayyaa si irraan dhaqabsiise hin qabu yoo tahe, kan naqa (dose) lammeessoos fudhatuu dandeessa. Maaloo beellama lammaffa kilinika kee waliin qabadhuutii doktora keetti dubbisii yoo yaaddoo qabaatte.

Odeffanno dabalata barbbada?

Tooraa gargaarsaa dhibee Coronavirus fi COVID-19 kan biyyolessa 1800 020 090 irratti bilbilaa

Odeeffannoo haaraa ta'e afaan keessaniin argachuuf, koodii QR mirgaa irratti jiru gingili (scan) yookiin www.bit.ly/covid19vaccineinfo daawwadhaa.

Odeffannoo talaallii COVID-19 afaan keessanin